Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Daawwiti Tikisee



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Waggaa dheeraa, Yeroo mootii Saa'ol Israa'eliin bulchaa turetti, gurbaa maqaansaa Daawwiti jedhamu obbolaa isaa torba walii ta'uun eegumsa bushaayee in gargaara ture. Waan dargaggeessa tureef, Daawwiti jabaadha, gootaa fi Waaqayyotti kan amanu ture.



Yeroo tokko leenci gurmuu bushaayee eegama jirtu keessa isa xobbaallaa tokko qabate. Qeerrich Daawwiti leenca isa isaan bushaayee abbaa isaa qabate irraan hubaatii geessise isa qabatame harkisee deebise. Leencicha hareeda isaa qabuun ajjeese. Waaqayyo akka isa gargaaru Daawwiti in beeka.

Saamu'el raajiin Waaqayyoo kufaatii mootii Saa'olitti ulfina Waaqaa akka hin taanetti waan gad buuseefa amma illee aaree jira." Saa'oliif hamma guyyaa meeqaatti gadda teessa?" jechuun Waaqayyo Saamu'eeliin ifate.



"Ani Siinan Iseyi tti ergaa jira ilmaan isaa keessa mootii ani dibe akka ta'aniif Iseyi abbaa Daawwiti."

Mootiin biraan barbaadamu Saa'ol akka raajiin Saam'eel ajjeesuu malu in beeka ture. Haata'u garuu raajichi Waaqayyoof in abboomame.

Saamu'eel in dhufe, Iseyi ijoollee isaa torban fuula Saamu'el dura akka qaxxaamuran ta'e.
"Waaqayyo isaan kana hin fille. Kan filame qeericha Daawwiti qofaadha."
Iseyidhan jedhe Saamu'eel.
Inni hoolaa tiksuu bakkee jira. Daawwiti yeroo dhufu
"Ka'i, dibi," jedhe Waaqayyo.
Kan dibamu isa kana.

Masaraa Saa'ol keessa, Saa'ol hafuura Waaqayyoo irraa waan fagaateef rakkoon isa mudate. Sammuun Saa'ol akka gaarii ta'uuf tajajiltooti isaa muuziqaa dhageessisan. Isaan keessaa namin tokko dargaggeessi meeshaa muuziqaa akka gaariitti taphate in bare. Dargageessichi eenyu akka ta'e tilmaamte? Eeyyee, Dawwiti.

Faaruun Daawwiti Saa'ol gadda
isaa itti fooyyeessuun akka
sirriitti yaaduuf gargaare.
Daawwiti akka mana mootii
keessaa tajaajila kennuuf
Saa'ol Iseii gaafate. Saa'ol
gaddda hafuuraa cabee
fi sodaa keessa jiraatus
Daawwiti meeshaa muuziqaa
tapahteef. Isa gargaare.



Erga Daawiiti gara manaa deeme booda, Saa'ol dirree lolaa guddaa irratti Filisxeemeota waliin lole. Obbolaan Daawwiti lola Filisxeeem kana irratti hirmaatan. Obbolaan Daawwiti dirree lolaa irratti akkamitti akka isaan jiran hubachuu fi waan nyaatamu akka argataniif Iseyiin Daawiitiin erge.



Goliyaad, guddaan warra Filisxeemotaa lola tasaa loltoota Israa'el hundaa irratti bane.



"Nama anatti as ba'u tokko fo'adhaa natti as ergaa," jechuun Goliyaad iyye. "Namichi ana lolee yoo na ajjeesuu danda'e, nuyi garba isiniif in taana; anis isa mo'ee yoon isa ajjeese garuu, isin garba keenya taatanii nuuf in hojjettu" jedhe.

Isiraa'elootin hundinuu dubbii filsxeemichaa dhaga'anii in na'an baayyeen isaanii in sodaatan.

“Namin sababa Goliyaadiniif sodaatu hin jiru; tajaajiltooti Filisxeemota walii halolan,” jedhee Daawwiti Saa’olitti dubbate. Saa’ol Daawwiti mi’a lolaa fi billaa isaa qabatee akka lolatti ba’u fedha Saa’ol ture. Bakka isaa garuu Daawwiti korojoo isaa keessa dhagaa guggumee shan kaawwatee furrisa fudhatee ba’e.



Goliyaadi meeshaa waraanaaf ta'u utuu hin hidhatin isa loluuf ba'uu Daawwiti yeroo arge itti kolfe. "Ani hara'a si ajeesee foon kee allaattii waaqaa keessa balali'an fi bineensota bosonaatiif nan godha," jechuu itti dhaadate.

“Ani maqaa Waaqyyootiin sitti dhufa!” jechuun Daawwiti deebiseef. “Guyyaa hara’aa Waaqayyo dabarsee harka kootti sikenna …… lolichi kan Waaqayyooti.”

Dawwiti qixa Gooliyaadiin itti fiige. Adda Gooliyaadi irratti dhagaa furrisa kaa'ee itti darbate. Goliyaadi in kufe!

Daawwiti ariitiin billaa guddaa Gooliyaadi baasuu morma isaa irra kute. Filisxeemoti du'a Goliyaadi argan lubbuu isaaniif sodaatanii fiigan.



Haala walfakkaatuun Daawwiti kiraara taphachiisee dhiphina Saa'ol akka irraanfachiise hin yaadanne ture. Daawwitiin hogganaa waraana taasise –



injifannoo Daawwiti galmeessetti kabaja namooti kennaniif irraa ka'uun angoo narraa fudhata jechuu guyyaa sana irraa eegalee ija hinaaffaatiin ilaale.



Ammas mootiin Saa'ol dhiphinaan guutame. Daawwiti dhiphina isaa itti fooyyessuuf meshaa muuziqaa taphachiisee dhageessisu yaale. Saa'ol yeroo sadiif eeboo isaa Daawwititti darbate yeroo sadanuu Daawwiti jalaa miliqe.



Yeroo kana Waaqayyotu Daawwitii waliin jiraachuun hubachuun Saa'ol sodaatee ture, garuu Saa'ol irraa adda ba'e.



Garuu Yoonaatan ilmi Saa'ol akka obboleessa isaatti Daawwitiin jaallata ture. "Abbaan koo si ajjeessuf yaalii geggeessa jira," jechuun Daawwititti hime. Kanaaf, Dawwiti harkaa ba'e gara bakka biraatti deeme. Haati manaa isaa waan nama fakkatu bakka ciisichaa isaa kaa'uun haalkan waarii Daawwitiin karaa foddaa baafte. Yeroo namootin garee Saa'ol ganamaan dhufan,



Daawwiti hin jiru deemeera.

Daawwiti Saa'ol irraa baqatee fagaateera. Utuu hin deemin dura Yoonaataan waliin gonfoo walii uffachuun Yeroo hundumaa akka wal gargaaran waliif kakuu galan.

Hafuura, gaddaatii hiriyooti lamaan nagaa walitti dhaaman. Daawwiti bakka sodaa loltoota Saa'ol tokko malee jiraatu barbaade.

Daawwiti Tikisee

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Saamu'eel Isa duraa 16-20

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16